



Dhukkubbii mataa raawwii Eppijuraali (Epidural) booda Yookiin qoricha Dhukkubbii hanbisu kan Lafee Dugdaa

Waraqaan odeeaffannoo kun Dhukkubbii mataa kan erga qoricha dhukkubbii hanbisu lafee Dugdaatiin (spinal anaesthetic) yookiin eppijuraaliin (epidural) kennamu booda mudatu irratti ibsa kenna.

Opporeeshinii booda fi dahumsa booda dhukkubbiin mataa namatti dhaga'amuun waanuma jiruudha.

Garuu, namoonni tokko tokko qoricha dhukkubbii kan Lafee Dugdaatiin kennamaau (spinal anaesthetic) yookiin eppijuraaliitiin (epidural) booda dhukkubbii mataa 'post-dural puncture' jedhamu qabaatu. Carraan dhukkubbii mataa kana argachuu kee umrii kee, yaalii wallaansaa siif godhame fi wantoota biroo irratti hundaa'a.

Dhukkubbiin mataa yeroo baay'ee qoricha dhukkubbii dhoorku kan Lafee Dugdaatiin kennamaau (spinal anaesthetic) yookiin kan eppijuraali (epidural) booda guyyaa 1 hanga 7 booda jalqaba.

Yeroo baay'ee kan hedduu nama dhukkubsuu fi mataa kee fuulduuraa ykn dugdaa irratti kan dhaga'amudha. Dhukkubbiin mataa yeroo ciiftu ni fooyya'a garuu yeroo teettu ykn dhaabbattu ni hammaata.

Akkasumas dhukkubbii mormaa, lollojjii fi ifaan baay'ee ifu ija si dhokkuba.

Dhukkubsattooni dargaggoo ta'anii fi kanneen da'an dhukkubbii mataa kan dahumsa eppijuraaliitiin walqabatu post-dural puncture kan jedhamu qabaachuuf carraa irra guddaa qabu.

Dhukkubbii mataa maaltu fida?

Sammuu fi lafee dugdaa keessan dhangala'aa cerebrospinal (CSF) jedhamuun marfamtee argamti inni kuni ammoo kan argamu kutaa eegumsaa kan dura jedhamu keessatti.

Yeroo raawwii **eppijuraali (epidural)**, lilmoon qorichi dhukkubbi naannoo sanitti hanbisu (local anaesthetic) kuni iddo **dura jedhamuun alatti** kennama. **Yeroo tokko tokko, lilmeen akka tasaa dura dhoosee darbee CSF xiqqoo akka dhangala'u taasisa.**

Kuni sababa wallaansa kennamuu ykn muuxannoo ogeessa qoricha hadoochu irraa kan ka'e ta'uu danda'a.

Rakkini kuni uumamuuf carraan kan guddatu yoo nama hedduu qaamaan furdaa taate, rakkina lafee dugdaa akka scoliosis ykn arthritis (dhukkuba cabsata lafee) qabaatte, ykn epidural dahumsa keessaa osoo jirtu yeroo lilmoon qorichaa siif kennamaa jirutti yoo sochoote (keessattuu yoo akka tasaa adeemsaa irra osoo jirtu sochi yoo goote).

Raawwii **hadoochituu lafee dugdaatiif**, lilmoon baay'ee xiqqoo taate **qaama duuraa jedhamu** waraantee qoricha hadoodpii(dhukkubbii hanbisu) CSF keessatti naqama. Qaawi sun baayyee xiqqaadha, garuu yeroo tokko tokko dhangala'aan hamma tokko jeedhi muldhachuu danda'a.

Haala lamaan keessattiyuu, dhangala'aan baay'een yoo bahe, dhiibbaan dhangala'aa naannoo sammuu fi lafee dugda keetii gadi bu'a.

Yeroo ol jechanii ta'an dhiibbaan daran gadi bu'a, kunis dhukkubbii mataa "post dural puncture" fiduu danda'a.

Namoonni tokko akka Hubachiisanitti dhukkubiin kun mataa baay'ee kan dhukkubsu yoo ta'u, keessattuu yeroo taa'an ykn dhaabbatan dhukkubiin kan hammaatu tahuu ibsu.

Dhukkubbii mataatiif maal gochuu dandeessa?

Diriiranii ciisuu fi qoricha dhukkubbii namatti hir'isu salphaa kan akka paracetamol ykn ibuprofen fudhachuuun gargaaruu danda'a. Yoo dhukkubbiiin cimaan si mudate, guyyoota muraasaaf qoricha dhukkubbii cimaa si barbaachisuu danda'a.

Wantoota biroo gochuu dandeessan:

- dhangala'aa baay'ee dhuguu - namoonni tokko tokko keessattuu shaayii ykn buna dhuguun ni qarqaara
- wantoota ulfaatoo kaasuun ykn qaama kee irratti sochii dhiibbaa uumu irraa fagaadhu.

Qaawwi dura kuni yeroo baay'ee torban muraasa keessatti ofuma isaatiin cufama. Garuu dhukkubbiiin mataa kee baayyee hamaa yoo ta'e doktora kee ykn ogeessa qoricha hadoochu (anaesthetist) ilaaluu qabda.

Qorichi dhukkubbii salphaan, boqonnaan, dhangala'aa fi kaafeeniin (buna) dhukkubbii mataa keetiitiif yo si hin rgaarre, ogeessi qoricha hadoochu iddo sana waldhaanuuf haala ittiin dhiigaan suphamu kan epidural blood patch jedhamu isiniin mari'ata

Dabree dabree dhangala'aan dhangala'u kun rakkoolee dabalataa fiduu danda'a. Ogeessi qoricha hadoochu kee kanneen bal'inaan siif ibsuu danda'a.

Dhiigaan Suphuu(blood patch) jechuun maali?

Dhiigaan suphuun adeemsa dhukkubbii mataa post-dural puncture yaaluuf gargaarudha. Kutaa baqaqsanii hodhuu kan jarmii irraa bilisa ta'e keessatti raawwatama.

Ogeessi qoricha qaama hadoochu dhiiga harka kee keessaa fudhee dugda kee keessatti, naannoo dura jedhamutti waraana. Dhiigni kun itita tahee san booda boolla sana cufuuf gargaara.

Hojimaanni (raawwiin)kun epiduraliif ykn waraansa lafee dugdaa (spinal injection) kan duraatiin wal fakkaata, gara daqiqaa 30 fudhata.

Namoota baay'eedhaaf (gara nama 10 keessaa 7) dhukkubbiiin mataa suphaa dhiigaa booda sa'atii 24 keessatti irraa bada.

Dhukkubbiiin mataa yoo hin baane, suphaa dhiiga kan biraa si barbaachisuu danda'a. Namoonni baay'een 2 ol

hin barbaachisuu.

Yeroo tokko tokko, dhukkubbiiin mataa baduu danda'a, garuu booda deebi'a. Suphaan dhiiga lammataa kanaaf gargaaruu danda'a. Ogeessi qoricha qaama hadoochu kee kana irratti si waliin ni mari'ata.

Erga suphaa dhiigaa godhatte booda sa'atii 2 hanga 4 siree irratti diriiraaj ciisaa. Torban 2 itti aananiif, sochiawan qaama keessan jallisan, gadi jechuu, jajallatuu ykn dhiibbaa qaama kee irratti fidan, ykn waan daa'ima keessan caalaa ulfaataa ta'e baachuu irraa fagaadhaa. Kunis suphaan dhiigaa bakka isaa akka turu gargaara.

Yeroo kana keessatti sochii guyyaa guyyaatti gootu irratti nama si gargaaru si barbaachisuu danda'a.

Miidhaan suphaa dhiigaa qabu maali?

- Suphaan dhiigaa guyyoota muraasaaf dirmammuu fi dhukkubbii dugdaa fiduu danda'a. Haa ta'u malee, eppijuraaliifi suphaan dhiigaa dhukkubbii dugdaa kan yeroo dheeraa namarratti hafu hin fidan.
- Carraan xiqaan akka tasaa duraan irra deebi'ii baqaqu danda'u ni jira.
- Rakkoon ciccimoon kan akka infekshinii ykn dhiigni dugda keessanitti dhangala'uu baay'ee xiqaadha.

Jijiirama yoo argite maal gochuu qabda?

Carraan rakkoon osoo hin eegamin itti uumamu baay'ee xiqaadha, garuu yoo ammas dhukkubbii mataa cimaa sitti dhaga'ame, narsii Tajaajila Dhukkubbii Cimaa bilbiliitii gara Kunuunsa Hatattamaa Dubartootaa dhaqi.

Yoo dhukkubbiiin dugdaa haaraa ykn sitti hammaate bakka suphaa dhiiga eppijuraaliitti, miila kee keessatti akka laamsha'u ykn hadooddiiin sitti dhaga'ame ykn ujummoo fincaanii ykn garaacha kee toa'achuu yoo dadhabde (isin baasee), kutaa balaa tasaa (Emergency) dhiyoo jiru dhaqi.

Waa'ee dhukkubbii mataa ykn wal'aansa keessanii gaaffii yoo qabaattan yeroo barbaaddanitti hojjetaa Tajaajila Dhukkubbii Cimaa qunnamuu dandeessu.

Hordoffii gamaaggama-bilbilaa

Erga hospitaala keessaa baatee booda, dhukkubbii mataa itti fufiinsa qabu ykn rakkoo biroo qabaachuu kee ilaaluuf bilbiluu dandeensa

Odeeffannoo fi gorsa dabalataaf

- Gaaffii yoo qabaatte ykn odeeffannoo dabalataa yoo barbaadde ogeessa qoricha hadoochu kee waliin haasa'i.
- Acute Pain Service (Tajaajila Dhukkubbii Cimaa), The Royal Women's Hospital
 - Wiixata (Isniina) hanga Jimaataatti ganama sa'aatii 8 hanga galgala sa'aatii 4tti Bilbila kana bilbili (03) 8345 2389.
 - Sa'aatii hojitiin ala:
(03) 8345 2000 bilbiluun akka dubbatan gaafadhaa ogeessa qoricha dhukkubbii oolchuu kan hojii irra jiru

Maddoota Odeeffannoo

- Australian and New Zealand College of Anaesthetists (ANZCA)
- Association of Anaesthetists of Great Britain and Ireland. (2010). *Management of severe local anaesthetic toxicity*. London. Maddi kuni kanaan bakka bu'e::
 - Association of Anaesthetists. (2023). *Quick reference handbook: Guidelines for crises in anaesthesia*. Association of Anaesthetists. Guyyaa 11 December, 2024, asirrraa argatame anaesthetists.org/Home/Resources-publications/Safety-alerts/Anaesthesia-emergencies/Quick-Reference-Handbook Hubachiisa: Referensii (maddi odeeffannoo) haaromfame kun hanga ammaatti ANZCA hin ilaalamne.

Turjumaana si barbaachisa?



Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

1800 Respect National Helpline (1800 Sarara Gargaarsa Biyyalessaa Kabaja)

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa.

Guyyaa yookiin halkan sa'aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa.

1800 737 732

1800respect.org.au